Kutaa 2ffaa

"Namni Waaqaa akka qulqulluu fi hujii gaariif qophaawaa ta'uuf kitaabni Hafuurri Waaqaa irra jiru cufti barumsa rifachiisuuf qalbii sirreessuuf gorsa qajeelinnaatiifis ni fayyada."
Xim 2ffaa 3: 16-17

"Hiikkaan dubbii keetii ni ifa; daa'immanis hubattoota taasisa." Far 118(119):130

Baafata:-

Kutaa 2ffaa

Barumsa Shanaffaa:- Walitti-dhufiisa Amantootaa..... 5

Tajaajila Hoga- Barruu wangeelaa

Barumsa fagoo

Kaayyoon barumsa kanaa warra Gooftaa amanuutti haaraya ta'aniifi warra yoo amantii keessa turanillee jireenya hafuura isaanii caalaatti cimsuu barbaadan barumsa kiristaanummaa barsiisuufi akka isaan jireenya hafuuraatiin guddatan gargaaruufi. Akkuma, "farda bishaanitti fidda malee akka inni bishaan dhugu hin dirqisiiftu" jedhamu sana barnoonni kunneen yoo barattoonni sirriitti hordofanii kutaalee kitaabaa isaan keessa jiran kitaaba Qulqulluun wal-bira qabanii jabaatanii qayyabachuu baatan yeruma tokko qofa dubbifachuun bu'aa barbaadamu argamsiisuu jechuu miti. Warri barnoota kana hordoftan hundi kitaaba qulqulluu keessan banattanii kutaalee isaatiin wal-bira qabuun akka tokoo tokkoo barumsa kanaa cimtanii qu'attan ni barsiisa.

Barnoota kanneen dhuunffaattillee yookiin gareen kitaaba qulqulluun qayyabachuuf itti fayyadamuun ni danda'ama. Namni Waldaa Kirstaanaa keessatti barattoota haaraya barsiisuuf itti gaafatama qabu tokkos itti fayyadmuu ni dand'a. Warri karaa keennaan barnoota kanneen dhuunfaan hordofuu barbaaddan garuu duraan dursitanii galmeeffamuu fi lakkoobsa eenyummaa fudhachuu qabdu. Sana booddees gaaffilee xummuramaa tokkoo tokkoo barmoota kana irra jiraniif deebii quubsaa erguun barmoota fagoo kana itti fufuu dandeettu.

Barnoonni fagoo kunneen barnoota bu'uuraa kudhanii-lama uf keessaa qaba; Kanas afur afuriin kutaa sadiitti qoonnee dhiyeessineerra. Mata dureewwaan isaaniis mata dureewwan kiristaana tokkoof ni barbaachisu jennee itti amannee dha. Barnoota kanneenis yaada tokkoo fi qalbiidhaan qayyabattanii akka deebii quubsaa barumsa sanaan wal-fudhatu kennitan malee jarjarsuufi uf-irraa baasuuf jettanii yookiin deebii barumsa sanaan wal-hinfudhanne akka hin kennine isin yaadachiisna.

Mata Dureewwan Barnootaas kanneen armaan gadi jiranii dha.

Kutaa Tokkoffaa

1. Fayyinna
2. Dubbii Waaqaa
3. Waaqa Kadhachuu
4. Amantii

Kutaa Lammaffaa

5. Tokkummaa amantootaa
6. Lola Hafuuraatii fi aangoo amantootaa
7. Sirnaallee waldaa kirstaanaa
8. Kennuu (arjoomuu)

Kutaa sadaffaa

9. Sadan tokkummaa Waaqaa
10. Hafuura Qulqulluu
11. Deebi'ee-dhufaatii Gooftaa
12. Tajaajila

Yoo isin barnoota afran kutaa kana keessatti argaman sirriitti qayyabattanii deebii isaanii walitti qabdanii nuu ergitani deebii keessan ilaallee kutaa itti aanu isinii ni ergina. Yeroo kutaa 3^{ffaa} xummurtanitti immoo, waraqaa ragaatii fi traanskiriptii barnoota fagoo kana xummuruu keessan mirkaneessu isinii ergina.

Barumsa Shanaffaa
Walitti dhufeenna Amantootaa

Wolitti dhufeenni Amantootaa maalii?

Pheexiroos ergamaan yoo waayee warra Kiristoos Yesuusitti amanuun jiruu bara-baraa argatanii dubbatu qomoo filatamaa saba qulqullaa'aa, luboota motichaa ti. Warra Waaqaaf foo'amtanii dha." (Phe 1ffaa 2 : 9) jedhaani. Kunis namni kiristoositti amane kamiyyuu saba Waaqaa ta'eera jechuu dha. Kanaaf namni amane tokko isa kaaniif saba jechuu dha. Namni amane martinuu waan hafuura Waaqaa tokkuma irraa dhuguuf walitti dhufeenna (tokkummaa qaba). (Qor 1ffaa 2:12-13) Yohaannis ergamaan wangeela isaa keessatti "warra isa simatanii maqaa isaattis amanan akka isaan ijoollee Waaqaa ta'aan aangoo kenneefi" jedha. (Yoh 1:12) Akkasumas ergamtichi kun yoo akka maaliif ergaa isaa barreesse ibsu," akka isinilleen nu waliin tokkummaa (walitti dhufeenna) qabaattaniif waan arginee fi waan dhageenne isinitti odeessina. Walitti dhufeenni keenya Abbaa waliin ; Ilma isaa Yesuus Kiristoos waliin" jedha. (Yoh 1ffaa 1:3) Kutaaleen dubbii Waaqaa kanneen armaan olitti tuqamaniifi isaan kuwaanis namni amane martinuu waan walitti dhufeenna Waaqa waliin qabuu fi waan ijoollee Waaqaa ta'eef amanaa kaaniif obboleessa yookaan obboleettii ta'uun isaa hubatamaa dha. Inni Qaama Kiristoosii ta'eeraatii.

Walitti dhufeenni namoota amananii yeruma isaan amanan irraa jalqabullee, walitti dhufeenna kana guddisuu fi karaa muldhatuun agarsiisuun barbaachisaa. Far 133: 1-3 irratti ibsame.

"Yoo obboleeyyan tokkummaan taa'ani,

kun waan gaarii dha. Akkasumas midhaagaa dha.

Akkuma urgooftu mataa Aarooni irraa haga hareeda;
isaatti gadi yaattee, wayaa inni irraan uffate irra gadi,
jiddeeti. Akka fixeessa gaarren Xiyooni irraa gadi
lola'uu ti; achitti Waaqayyo eebba isaa, jireenallee
hanga bara baraatiif ajajeera."

Wanni dubbiin kun jedhu kan muldhisu walitti dhufiisi amantoota jidduu jiru namoota kaaniif hagam beekamaa akka ta'ee fi mi'aayinnaa fi bareeddinna kan qabu akkasumas kan dheebuu nama baasuu fi kan addaan hin cinne ta'uu isaa agarsiisa. Yoo amantoonni walii galtee fi tokkummaan jiraatanii eebbaafi jireenni deddeebi'ani dansummaa fi urgaa mishaaf sababii ta'e otoo hin citin Waaqa irraa yaa'a. (copha), akkuma hujii ergamtootaa keessatti tuqametti, wanni amantoonni waldaa kiristaanaa kanneenneen durii sun walitti dhufeenna qabaachuun ciminna agarsiisaa turaniifis kanumaa. Akkanas jedhamee barreeffameera, "warri dubbii sun simatan... barnoota ergamtootaatii fi walitti dhufeennaan nyaataa waliin nyaachaa kadhannaattis cimu turan. Guyyuma guyyaanis qalbiin (garaan) tokko ta'anii mana sagadaa keessatti cimaa tokko ta'inii, mana isaanittis buddeena cabsachaa, gammachuu fi garaa qulqulluudhaan nyaata isaanii nyaatan. Waaqallee galateeffachaa fuula uummata maraa duratti surraa qabu turani. Gooftaanis warra fayyan guyyama guyyaan isaaniif ida'aa ture." (HuE 2:41-47) "Hiikamanii jennaan gara saba isaanii dhufani waan luboonni hangafoonnii fi jaarsonni isaaniin jedhan cufa itti himan. Isaanis kana dhageennaan garaa tokkoon gara Waaqaa qoonqa isaanii ol-fudhatan (iyyan)... Erga Waaqa kadhatanii booddee bakki isaan itti walitti qabaman sun ni socho'e. Hafuurri Qulqulluunis isaan cufa irra bu'e: dubbii Waaqaallee dhossaa malee labsani. Namoonni amananis onnee tokko, lubbuu tokkos qabu turan...." (HuE 4 :23,24,31 fi 32)

Wolitti dhufiisa Amantootaa

Tokkummaa kiristaanaa tan dhugaa qajeelfamaafi kaayyooni isii tokkummaa dhaabbata biyya lafaa irraa gora.

Kan hafuuraati:- Kanaafuu qajeelcha Hafuuraa hordofa. Qajeelchi isaas dubbii Waaqaati.

Onnee (garaa) tokkos, yaada tokko fi hafuura tokko nama gaafata. Tokkummaan yoo namni martinuu kaayyoo Waaqaa beekee waayee walitti dhufeenna hafuuraa irratti hubannaa dansaa qabaate argamuu danda'a.

Barbaachisummaa walitti dhufiisaa

"Jaalalaa fi hujii gaariif akka wal kakaafnu wal-geennee wal haa ilaalluu. Akka namoota tokko tokko birattis baratame sana walitti qabamuu hin dhiisinaa. Walgorfadhaa malee. Isumaayyuu akka guyyaan sun dhiyaate argaa baay'isaatii kana godhaa." (Ibr 10:24-25)

Firummaan Kiristoositti amanuun argame sun walitti dhiyeennaan jabaachaa deema. Midhaani (firiin) isaalleen ni muldhata.

Wontoota Yeroo Amantoonni Waliin Jiraatan Ta'an.

Jaalalli ni guddata: jaalalli firii Hafuuraa muldhataa dha. Akka jaalalli muldhatuuf namicha muldhisu maleeyyuu namni argatus jiraachuu qaba. Namni ufii isaatti jiraatu tokko yoo akka nama jaalatu dubbate dhugummaan dubbii isaa hin beessisu. Jaalalli wal-arguu, waliin kadhachuun, yeroo mara wal gayanii mariyachuun, gaddaa fi gammachuu qoodachuun guddata. Namni amane martinuu yoo kennaa jaalalaa Waaqa irraa argateyyuu, akka jaalalli kun haala gaariin guddatuuf jabeenni isa irraa eegama.

Hujii Gaariif nama kakaasa; namoonni kaayyoo tokkoof dhaabatanii, wal-arganii waliin mariyatan yeroo gabaabaa keessatti wantoota faayidaa guddaa qaban baay'ee hojjachuu danda'u. Keessattuu namoonni gooftaa keessa jiraatan mootummaa Waaqaa babaldhisuuf jajjaboo ta'u.

Wal-gorfachuuf yaada cunfamee, qulqullaa'e argachuun ni danda'ama. Hujiin Waaqaa yoo namoonni Waaqaa walitti dhufanii, Waaqa waliin kadhatanii waliin mariyatan karaa qulqullichaa fi qajeelaan hojjatamti.

Jireennaafi eebba akka otoo gargarii hin kutin Waaqa biraa roobuu ajajaman sun argachuun ni dhufa.

Namni amane tokko tokkoonis ta'u Walumaa galatti walitti dhufeenni ni guddata; Amantoonni kennaa Hafuurri qulqulluun akkuma ufii jaalatetti kennuuf qaban. Kennaan kunis amantoota qulqulleessuu fi guddisuuf kennama. Kiristaanonni yoo walitti dhufeenna qabaatanii wal argan waan inni tokko kennaa hafuuraatiin isa kaaan tajaajiluuf guddinni isaanii kan hafuuraa itti ariifataaf.

Nafni (qaamni) isaa guutummaatti fi sirriitti hojjata; yoo akkuma armaan olitti erametti walitti dhufeenna keessatti kennaan tajaajilaa kanneen Waaqayyoo kenne hundi haala dansaan yoo hojjatan qaamni sirriitti hojjata. (Qor1^{ffaa} 12:4-11, Rom 12:4-8, Efe 4:7-12) Jechuunis wantoonni Waaqni karoorse martiinuu ni guutama. Kanaafuu namni amane cufti kennaa isaaf kennameen nafa isaa ijaaruuf jabaachuu qaba.

Karaa tokkummaan ittiin jabeeffamu

Tokkummaan kiristaanaa otoo waan namni uume hin ta'in hujii Waaqaa tan Gooftaatti amanuun hojjatamteedha. Hujiin tun

yoo qajeelfamni hafuuraa faana jiraate guddattee jajjabaatti. Tokkummaan kun akka asiin gaditti diriirfame kanatti eegama. Kutaalee kanneen ufii dubbifadhu:- (Efe 4:2-3; Fil. 2:1-5)

gadi uf qabiisaan,
nama kaan akka waan inni si caaluutti ilaaltee, fudhachuun kiyyittii (fira ufii qofa jaalachuu) dhiisuun faayidaafi ulfinna ufiif barbaaduu dhiisuun
garraamummaan (garaa qulqulluu qabaachuun). obsaan,

Akkuma midhaan (firiin) hafuuraa kanneen Gal 5:22-23 keessatti barreeffaman:- jaalala, gammachuu, nagaya, obsa, dansummaa, amantii (dhugeeffachaa), gad-uf qabiisa, uf qabuu (uf dhowwuu), kunneen jireenna keenna keessatti hidda baasan (gadi fageeffachaa) jabaachaa deemaniin tokkummaan teenna tan hafuuraalleen guddattee jabaachaa deemti. Akka midhaani kun jireenya keenna keessatti muldhatuuf immoo hafuuraan jiraachuun guddoo barbaachisa. Yoo fedhii foonii guutachuuf fiifiiguun jiraate wal tuttuquufi wal nyaachuun itti ida'amaa deema. Yoo waayee hafuuraa yaaduun dhufe immoo walitti harraaramuufi nagayattu baay'ata." Yoo hafuuraan jiraanne. Hafuuraan dedeebina, walitti kaanee wal hinaafaa waan faayidaa hin qabne hin abdannu." Gal 5: 25-26.

Uf -eegannoo Barbaadamu

Tokkummaan amantootaa waan Waaqayyo ilmaan ufii irraa barbaaduudha. Wonni Gooftaa Yesuus wangeela Yohaannisi 17 irratti jabeessee itti dedeebi'ee Waaqa kadhate akka barattoonniifi warri dhugeesaa isaaniitiin Gooftaatti dhufan marti tokko ta'aniidha. "yaa Abbaa qulqulluu akka warri ati naa kennite kun akkuma keenna tokko ta'aniif maqaa keetiin isaan eegi." (Yoh 17:11) Ani warra sababii dubbii isaaniitiif natti amananiifilleef kadhadha malee warra kana qofaaf hin kadhadhu; yaa Abbaa, akka addunyaan akka ati na ergite amantuuf akka akkuma ati na

keessa jiraattee anilleen si keessa jiraadhe sana isaanilleen nuun tokko ta'an si kadhadha. Akkuma nu tokko taane isaanis akka tokko ta'aniif, ani isaan keessa, atis na keessa jiraachuu keetiin akka isaanis guutumaan guutuutti tokko ta'aniif, ulfinna ati naa kennite sana ani isaanii kenneera." (Yoh 17:20-23)

Waan nu Kutaa armaan olii kana keessatti tokkummaan amantootaa maal akka ta'e hubannu;

Karaa nu ittiin Waaqa fakkaannu keessaa tokko.

Akka Kiristoos Waaqa biraa addunyaatti ergame mirkaneessa.

Abbaa fi Kiristoos keessa jiraachuu keennaaf milikkita.

Abbaa fi Ilma waliin tokko ta'uu dha.

Mallattoo akka Waaqayyo nu jaalate agarsiisuu dha.

Kanaaf tokkummaadhaan jiraachuun waan ulfinna qabuu dha. Amantoonni cuftinuu bakka guddaa kennuufii qabu; akkasuma eeggannoo gochuufii qabu. Ta'us tokkummaan kiristaanaa yeroo hunda mijaawaa fi salphaa dha jechuu miti. Waan yeroon fedhiin Waaqaa raawwatamee, eebbi isaas gara saba isaa dhufu yeroo qulqulloonni tokkummaan jiraatanitti ta'eef diinni tokkummaa amantootaatiin ni morma. Kanaaf yeroo tokko tokko tokkummaa keessatti rakkinni ni uumama. Yoo qaama (mittaa) sababii nafaa tokko rakkainni qabate, qaamolee kun nafa sanaa hunda irratti rakkinna fida. Yeroo wanni akkannaa dhalatutti rakkinna sana baqachuuf jedhanii tokkummaa keessaa bawuu hin barbaachisu. Qooda kanaa akka tokkummaan sun qajeeluuf akkuma dubbii Waaqayyootti waliin mariyachaa kadhannaadhaan fala barbaaduu wayya. Diinni karaa ittiin tokkummaa seenu argannaan amantoota gargari fageessee akka isaan gargari qoodaman godha. Kanaaf Phaawuloos ergamaan, "daabiloosiif carraa hin kenninaa" jedha. (Efe 4 : 27).

Sababiiwwan ittiin tokkummaan boora'u keessaa gugurdaan:

Cubbuu: Cubbuun nama Waaqaa fi namaalleen gargari baasa. Namni jalqabaa Addaam, yeroo cubbuu hojjate sana hafuuraan du'e; Waaqa isaa irraas gargari bahe. Yommuu Waayee waan hojjate sanaa gaafatamettis niitii isaa Hewaanin himate (Um 3:10-11). Akkasumas cubbuun yeroo tokku- mmaa keessa galutti waan Hafuura Qulqulluu (laaleffachiisuuf) gaddisiisuuf akka tokkummaan hafuuraa amantoota jidduu hin jiraanne godha.

Yeroo wal-kabajuun hirdhatu: Namni tokko of tuuluu jalqabnaan, kiristaanni eennu akka ta'es wallaallaan wal-kabajuun hirdhateera jechuu dha. Yeroo tokko barattoonni gooftaa nattu caala; nattu caala jedhanii waliin mormuu jalqaban. Gooftaanis," isin keessaa namni nama cufa caaluu barbaadu tokko nama cufumaan gadi ta'ee nama cufa haa tajaajiluu" jedhe. (Mar 9:36). Eegasiis daa'ima tokko waamee jidduu isaanii dhaabee, "namni maqaa kiyyaan daa'ima akkasii simatu, na simata; namni na simatu immoo abbaan kiyya isa na erge sana simata" jedheen (Mar 9:37). Yoo namni amanu tokko akka waan amantoota kaan caaluutti of ilaale tokkummaa sana wal-mormiitu itti baayyata jechuu dha. Waan amanaan kamiyyuu fuula Kiristoosi duratti fudhatamaa ta'ee ulfinnallee qabuuf akka inni ulfeeffamuu qabu amantoonni cufti beekuu qaban.

Yoo bu'aa mataa ufii barbaaduun jiraate: Yeroo tokko ijoolleen **Zabdeewoosi Yesuusitti** dhiyaatanii "yaa barsiisaa, akka ati waan nu si kadhannu mara nuu gootu barbaanna" jedhan. Innis, "akka ani maal isinii godhu barbaaddu?" jedheen. Isaanis, "akka yeroo ati ulfinnaan dhuftutti tokkoon keenya mirga kee, tokkoon keenya ammoo bitaa kee teennu godhi" jedhan, (Mar 10:35-37). Waan gaafiin kun fedhii nama kaaniin ol ta'uu fi bu'aa mataa ufii qofa barbaaduu waan ta'eef barattoonni kudhannan kaan yommuu waan kana dhaga'aanitti Yaaqoobii fi Yohaannisitti dheekkamuu jalqaban. (Mar 10:41). Akka gaafiin obboleeyyan lamaan kanneenii akka Gooftaan waan yeroo isaan waametti karaa

isaaniitiin raawwachuu barbaade sana raawwatuuf uf qopheessuu irra waan fedhiifi bu'aa mataa isaanii barbaadaniif jidduu isaaniitti wal-komachuu uumee agarra.

Yoo kutaan nafaa tokko kennaa ayyaanaa kan isaaf hin kennamin irratti xiyyeeffachuudhaan kennaa ayyaanaa kan isaaf kenname irraanfate otoo itti hin fayyadamin hafu; "Yoo miilli ani harkaa miti; kanaafi ani kutaa nafaatii miti jedhe, waan kana jechuu isaatiin kutaa nafaa ta'uun isaa ni hafaa? Yoo gurris ani ijaa miti; kanaaf ani kutaa nafaatii miti jedhe, waan kana jechuu isaatiin kutaa nafaa ta'uun isaa ni hafaa?

Otoo nafni marti ija ta'ee akkamitti dhaga'uun danda'ama? Otoo waanni cufti dhagawuu ta'ee immoo waa (suufuuni) fuunffachuun akkamitti danda'ama? Amma garuu Waaqni akkuma fedhetti kutaalee nafaa tokkoo tokkoo isaanii nafa irratti uumeera. Otoo hundi isaanii kutaa tokko qofa ta'anii akkamitti nafni jiraachuu dand'a? Amma garuu kutaaleen hedduudha, nafni garuu tokkuma" (Qor 1^{ffaa} 12:15-20).

Kennaa hafuuraa kan ofii qofa oowisanii kennaa warra kaaniitti fayyadamuu dhiisuu, yookiin kennaa warra kaanii tuffachuu:

"Ijji harkaan ati na hin barbaachiftu jechuu hin danda'u. Mataan immoo miilaan ati na hin barbaachiftu jechuu hin danda'u" (Qor 1^{ffaa} 12:21)

Wantoota ittiin tokkummaa cimsan kanneen armaan olitti eeraman (gadi of qabuu, gara laafinna, obsa, nagaya jaalala) keessaa tokko hirdhannaan:
Egaa tokkummaan waan barbaachisaa ta'eef of eegannoodhaan qabamuu qaba. Kanaaf tokkummaa Gooftaan nuu kenne guddisuu fi eegachuutti haa jabaannuu.

Dubbiin Waaqayyoo, "hidhaa nagayaatiin tokkum-maa hafuuraa eegachuufi haa jabaannuu" jedhaatii. (Efe 4:3)

Waaqayyo tokkummaa hafuuraa nuu haa baayyisuu!

Barumsa Shanaffaa Tokkummaa Amantootaa

Lakkoobsa Eenyummaa: _____
Maqaa: _____
Bakka jireenyaa: _____
_____
_____

1. Bu'uurri tokkummaa amantootaa maal?

1. Faarfannaa Daawiti 132(133) irratti tokkum- maan amantootaa maalitti fakkeeffame? tokkoon tokkoon isaa maal agarsiisa?

2. Tokkummaa Kiristaanotaa tokkummaa kaan irraa garaa-garummaan isaa maal?

3. Yoo amantoonni tokkummaan jiraatanii yeroo yerootti immoo wal-ga'anii mariyatan bu'aa maaltu argama?

Tokkummaan Kiristaanotaa maaliif jeeqama yookaan maaliin diigama?

Amantoonni yoo tokko ta'an maal mirkaneessu?

Ati akka amanaa tokkootti tokkummaa hafuuraa eeguuf maalfa'a gochuu qabda? Wantoota kanneen keessaa jireenna keessatti :-

wanti sadarkaa gaarii irra jiru kam?
Wanni fooyyeffamuu qabu isa kami?